# God’s Simple Plan of Salvation taken from I John

## Introduction

1 John 5:13 Isin warri maqaa ilma Waaqayyootti amantan, jireenya bara baraa qabaachuu keessan akka beektaniifan kana hundumaa isiniif barreesse.

## 1. Hundumti keenya cubbuu hojjenneerrra.

I John 1:8 Cubbuu hin qabnu yoo jenne of gowwoomsina, dhugaanis nu keessa hin jiru.

1 John 5:16-17 Namni tokko, obboleessi isaa cubbuu isa du'a bara baraatti hin geessine otuu hojjetuu yoo arge Waaqayyoon biraa dhiifama akka argatuuf Waaqayyoon hakadhatuufi. Cubbuun isaa du'a bara baraatti hin geessine yoo ta'e Waaqayyo ni dhiisaaf. Karaa gara biraa immoo nama cubbuun isaa gara du'a bara baraatti geessuuf kadhachuun waa'ee hin baasu jechuu dha. Hojii hamaan hundi cubbuuu dha, garuu cubbuun du'a bara baraatti nama hin geessine jira.

1 John 3:6 Egaa namni Kiristoositti qabamee jiraatu hundinuu cubbuu hin hojjetu, namni shaakala cubbuu keessa jiraatu garuu isa hin argine, isas hin beeku.




**We are all sinners!**

## 2. Duuni bara baraa gatii cubbuu keenyaa waan nuyi argannuudha. Waaqayyo, karoora isaa isa guutuudhaan, ilma namaa ta’e-Yesuus Kiristoos

1 John 5:19 Nuyi ijoollee Waaqayyoo akka taane, guutummaan biyya lafaa immoo harka seexanaa jala akka jiru ni beekna.

1 John 5:12 Kanaaf ilma Waaqayyoo kan qabu jireenya bara baraa qaba. Namni ilma Waaqayyoo hin qabaanne immoo jireenya bara baraa hin qabu.

1 John 3:15 Obboleessa isaa kan jibbu hundumtuu nama nama ajjeesee dha; namni nama ajjeese immoo abdii jireenya bara baraa akka hin qabne isin iyyuu ni beektu

## 3. Yesuus fannoo irratti du’ee, adabbii nuuf ta’u-du’a fudhachuudhaan.

1 John 4:10 Nuyis isa waan jaallanneef otuu hin ta'in, inni waan nu jaallateef furee cubbuu keenyaa haata'uuf, ilma isaa nuuf erguun jaalala isaa isa dhugaa hojiin nutti agarsiise.



**Christ died for sinners!**

1 John 4:2-3 Hafuurri, Yesuus Kiristoos fooniin dhufuu isaa amanatee beeksisu kan Waaqayyoo ti.Garuu Yesuus foon uffatee dhufuu isaa hafuurri hin amanne Waaqayyoon biraa miti Hafuurri, Yesuus fooniin dhufuu isaa hin amanne kun isa Kiristoosiin mormu, isa isin akka inni dhufu dhageessanii dha. Inni ammuma iyyuu biyya lafaa keessa jira.

1 John 5:11 Waaqayyo jireenya bara baraa nuuf kenne; egaa dhugaan isa kana; jireenyi bara baraa kunis ilma isaa keessatti argama.

.

## 4. Yesuus Kiristoos irra godhatte akka fayyiisaa lubbuu keetiitti.

1 John 5:14-15 Akka fedha isaaatti yoo kadhanne inni nuuf ni dhaga'a; akka kanatti isa ni amananna. Kadhata keenya akka nuuf dhaga'u erga beeknee, waan kadhanne isa biraa akka argannuus ni beekna

*Fayyinaaf karaa warra Roomaa kana irra bu’uu barbaaddaa? Egaa, kadhannaan salphaan ati gara Waaqayyootti kadhattu kunooti. Kadhannaan kana kadhachuun karaa ati amantii kee isa irratti qabdu Waaqayyotti agarsiiftu dha fayyina siif qopheessuu isaatiif. Jechoonnni mataan isaanii si fayyisuu hin danda’an, amanttii ati Yesus Kiristoos irratti qabdu duwwaatu fayyisa siif argamsiisa!*

**“Waaqayyo,**

**ani sirratti akkan cubbuu hojjedhe fi adabbiin akka naaf ta’u nan beeka. Garuu Yesus Kiristoos adabbii anaaf ta’u fudhateera kanaaf araara argachuu nan danda’a. gargaarsa keetiin fayyinaaf amantii koo sirratti nan godhadha! Ayyaana kee fi araara kee dinqisiisaadhaaf sin galateeffadha – kennaa jireenya barabaraatiifs! Ameen!**

**Amazing Grace Publishing *100 Lakeview Court * Joshua TX 76058 * 817-426-1828 * E-Mail JamesAV@aol.com**